Barnoota Afaan Oromoo
Kitaaba Barataa

Kutaa 6

Qopheessitoonni:

Naa'ol Baqqalaa Guutamaa (MA)
Magarsaa Namoomsaa Alamuu (MA)
Masarat Alamuu Baqqalaa (MA)

Gulaaltonnii:

Tamasgeen Tuulii Alabee (MA)
Tashoomaa Qanaasaa Tolasaa (MA)

Madaaltuu;

Yewubdaar Ayyaaleew (MA)

Qindeessaa:

Roobii Waamii (MA)

Giraafiksii

Kolleejjii Poolii Teekinikaa Inxooxxoo

Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

BOQONNAA AFUR:

QONNA AMMAYYAA

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Dhaggeeffachuun afaaniin irra deebitee nidubbatta.
- Keeyyata amansiisaa/mormisiisaa nibarreessita.
- Jechoota waliin deemaniif hiika nikennita
- Gochibsa yeroo fayyadamuun hima ni ijaarta

BARANNOO TOKKO: DHAGGEEFFACHUUFI DUBBACHUU

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen marii'adhaa

1. Qonni maali?
2. Faayidaan qonnaa maali?

B. Dhaggeeffachuun dura hiika jechootaafi gaaleewwan armaan gadii tilmaamaa

1. qaala'aa
2. tattaraaree
3. bushaawaa
4. oomisha
5. dhiibbaa
6. leecalloo

Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Afee/ dubbisa Barsiisaan/stun keessan isiniif dubbisu/stu dhaggeeffachuun iddoo duwwaa guutaa.

1. Lammiilee harki caalaan akka midhaan nyaataatti _____ fayyadamu.
2. Qotee bulaa hedduun qorannoo _____ taasisee hojii qonnaa hinhojjetu.
3. Misooma qonnaa keenya fooyyessuuf _____keenya jijjiiruun barbaachisaadha.
4. Fooyya'insi qonnaa biyya keenyaa fooyya'insa _____ fida.
5. Hojiin qonnaa hojii filatamaafi _____ guddaa qabuudha.

Gilgaala 3 : Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen marii'achuun afaaniin deebisaa

1. Biyya keenyatti baay'inni ummataafi dhiyeessiin bu'aawwan qonnaa maaliif wal hingitu isinitti fakkaata?
2. Ammayyummaa qonnaa keenyaa irratti kan dhiibbaa fide maali?
3. Misooma qonnaa keenyaa fooyyessuuf maal gochuu qabna?
4. Jireenyi lammiilee kan fooyya'u yoo maal ta'eedha?
5. Jireenya biyyoota guddatanii madaalawaa kan taasise maali?
6. Garaagarummaa qotee bulaa biyya keenyaafi biyyoota guddatan gidduu jiru gabaabsii ibsi.

BARANNOO LAMA: DUBBISUU

Gilgaala 4 : Shaakala Dubbisaan Duraa

A. Gareen marii'achuun afaaniin deebisaa.

1. Garaagarummaan qonnaa ammayyaafi qonnaa aadaa gidduu jiru maali?
2. Dameewwan qonnaa ammayyaa beektan walitti himaa.

B. Fakkiiwwan armaan gadiirraa waan hubattan gareen walitti himaa





Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa dhiyaate saffisaan dubbisuun yaada sirrii ta'e 'dhugaa' yaada sirrii hintaane immoo 'soba' jechuun deebisi.

1. Itoophiyaan hojii qonnaaf baay'ee mijooftuudha.
2. Qotee bulaan biyya keenyaa waqtii gannaa qofa eegee qonna qotuu qaba.
3. Qonna ammayyaa'aa jechuun midhaan oomishuu qofa.
4. Qonni wiirtuu diinagdee biyya keenyaati.
5. Qotee bulaan jireenya isaa fooyyessuuf humna garmalee baasuu qaba.

QONNAA AMMAYYAA

Biyyi keenya Itoophiyaan hojii qonnaatiif baay'ee mijooftuudha. Sababni isaas, haalli qilleensaafi teessumni lafa ishii hojii qonnaatiif daran of-kennaadha. Hojii qonnaa keessaa inni guddaan haala biyya ofii beekanii akkaataa qilleensaa ilaalanii hojjechuudha. Akka biyya keenyaatti qilleensa jiidhaa hojii qonnaaf mijataa ta'eefi bishaan ga'aa waan qabnuuf qotee bulaan keenya waqtii gannaa qofa eeggachuurra waggaa guutuu hojii qonnaa hojjechuu nidanda'a ture.

Qonnaan bulaan sangootatti fayyadamee gindoofi waanjoon lafa qotaa oolee, humnasaa qisaasessee bu'aa xiqqoo kan argatu ta'uu hin qabu. Osoo humna isaa garmalee hin baasin hojii qonnaa haala salphaa ta'een hojjechuun jireenya ofii fooyyeffachuu nidanda'a. Hojii qonnaa akka oomisha callaa qofaatti ilaaluun xiyyeeffannoo isaa lafa qotanii callaa oomishuu qofaatti kennuu hinqabu. Akkasumas, qonnaan mala ammayyaawaas tiraakteraan qotuu, sanyii filatamaafi calla-guddiftuu qofatti fayyadamuun akka waan bu'aa hedduun dhufuutti yaaduun sirrii miti. Sababiin isaas, dameen hojii qonna ammayyaa oomisha midhaanii, oomisha dammaa, horsiisa horii aannanii, horsiisa horii foonii, horsiisa lukkuu, horsiisa kanniisaa, qurxummiifi kkf of keessatti hammata.

Dameewwan qonna ammayyaa yeroo ammaa kana gara kuteenyaafi obsa guddaan irratti hojjetamnaan gabaan isaan biyya keessatti qaban salphaa miti. Keessumaa dhiyeessiin bu'aalee hojiiwwan qonnaa armaan olii hagas mara waan hinjirreef qotee bulaan haala yeroo wajjin deemuu qaba. Yeroo ammaa kana jireenyi lammilee biyya kanaa fooyya'aa jiraachuun isaa beekamaadha. Fooyya'iinsa jireenyaa wajjin wal-qabatee fedhiin namaa fooyya'aa deemuun isaa hubatamee dhiyeessiin fedhii fayyadamtoota bu'aalee qonnaas fooyya'uu qaba. Kanaaf, jireenya biyya kanaa madaalawaa gochuun ofiis fayyadamee hawaasas fayyadamaa taasisuuf ga'een qotee bulaa biyya kanaa ga'ee qaama kamiinuu oli.

Walumaa galatti, hojiin qonnaa hojii kabaja guddaa qabuufi wiirtuu dinagdee biyyaa ta'uu isaa hubannee, hojii qonnaa ammayya'aa ta'e irratti bobba'uun jireenya biyya kanaa fooyyessuutu nurra jiraata.

B. Jechoota roga 'A' jala jiraniifi hiika isaanii roga 'B' jalaa wajjin walitti firoomsi

A	B
1. Daran	A. tibba
2. Waqtii	B. utubaa
3. Qisaasessee	C. wayitaawaa
4. Wiirtuu	D. baay'ee
5. Ammayyaa'aa	E. balleessee

C. Jechootaafi gaaleewwan armaan gadiif hiika galumsa dubbisaa kenni.

1. Qonna ammayyaa
2. Gindoo
3. Waanjoo
4. Calla-guddiftuu
5. Sanyii filatamaa

D. Dubbisa olii irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Haalli qilleensaafi teessumni lafa biyya keenyaa hojii qonnaatiif_____.
   A. Rakkisaadha
   B. mijataadha
   C. hintolu
   D. giddu galeessa
2. Qonna ammayyaa jechuun
   A. tiraakteeraan qotuu qofa
   B. sanyii filatamaa fayyadamuudha.
   C. dameewwan qonnaa ammayyaa hunda kan hammatedha.
   D. calla-guddistuu fayyadamuun qotuu qofa
3. Qotee bulaan hojii qonnaa yoom hojjechuu qaba?
   A. waqtii Gannaa C. waqtii Bonaa
   B. waggaa guutuu D. waqtii Arfaasaa
4. Wiirtuun diinagdee biyya keenyaa maali?
   A. hojii daldalaa C. albuuda baasuu
   B. turiizimii D. qonna

5. Damee hojii qonna ammayyaa kan ta'e kami?

A. oomisha midhaanii C. oomisha dammaa

B. horsiisa qurxummii D. hunda

Gilgaala 6 : Shaakala Dubbisaan Boodaa

Dubbisa olii irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii akkaataa gaafatamteen deebisi.

1. Keeyyata tokkoffaaf hima ijoo ta'uu kan danda'u maali?
2. Itoophiyaan maaliif hojii qonnaatiif mijooftuu taate?
3. Qonni wiirtuu diinagdee biyya kanaati maaliif jedhame?
4. Ergaan waliigalaa dubbisa olii maali?
5. Dameewwan qonna ammayyaa maal fa'i?

BARANNOO SADII: FAYYADAMA JECHOOTAA

Gilgaala 7 : Shaakala Jechoota Waliin Deemanii

A. Jechoota sirriitti waliin deemuu danda'an walitti firoomsi.

A	B
1. qonna	A. dammaa
2. callaa	B. gannaa
3. sanyii	C. biyyaa
4. gaagura	D. foonii
5. oomisha	E. ammayyaa
6. qonnaan	F. lukkuu
7. waqtii	G. guddiftuu
8. horii	H. filatamaa
9. horsiisa	I. midhaanii
10. diinagdee	J. bulaa

B. Jechoota gilgaala 7A jalatti walitti firoomsiteef hiika isaanii barreessi.

Fakkeenya:

1. Qonna ammayyaa: kan dameewwan qonnaa hunda of keessatti hammate.

2. _____: _____
3. _____: _____
4. _____: _____

5. _____: _____
6. _____: _____
7. _____: _____
8. _____: _____
9. _____: _____
10. _____: _____

C. Jechoota gurraacheffamaniif hiika sirrii kenni.

1. Boonaan **hortee** baay'ata.
   A. Qabeenya B. sanyii C. maallaqa D. beekumsa
2. Yoo **bakkalchi** bahe akka lafti bari'e hubadhu.
   A. Bakakkaa B. biiftuu ganama C. urjii ganamaa D. addeessa
3. Gadaan bosona deemee ulee **sorooroo** mure.
   A. Jajallaa B. dabaa C. qajeelaa D. duufaa
4. Gootni cimaan **diina** isaa lolee mo'ata.
   A. Gartuu B. nyaapha C. loltuu D. raayyaa
5. Sangaa **collee** qonnaaf bituun qaba.
   A. Daagii B. saffisaa C. ciisaa D. dadhabaa
6. Boonaan maatii isaa qarshiin **hirphe**.
   A. Dhabe B. deggere C. badhaase D. fudhate

D. Faallaa jechoota gurraacheffamanii filadhu.

1. Balaan konkolaataa uumame lubbuu namoota hedduu **galaafate**.
   A. Fixe C. balleesse
   B. Baraare/oolche D. dabarse
2. Hojii inni hojjete harkatti **busheesse.**
   A. Xiqqeesse C. tuffate
   B. Salphise D. jaje
3. Aadaan hojjetanii **badhaadhuu** dagaaguu qaba.
   A. Hirkachuu C. duroomuu
   B. beekamuu D. hiyyoomuu
4. Nyaata **mi'aawaa** waan nyaatteef mi'eeffachaa oolte.
   A. Urgaawaa C. bareedaa
   B. Hadhaawaa D. qulqullaa'aa

5. Guddinni biyya tokkoo akka **laayyootti** hin dhufu.

A. Cimaa C. salphaa

B. Laafaa D. arjaa

BARANNOO AFUR: BARREESSUU

Gilgaala 8: Keeyyata Amansiisaa Barreessuu

A. Deebii gaaffilee armaan gadii dabtara keessan irratti barreessaa.

1.Gosoota keeyyataa keessaa hanga beektan barreessaa

2. Keeyyatni amansiisaan maali?

B. Gaaffii armaan gadiif afaaniin deebii kenni.

Namaa wajjin walfalmitee beektaa? Ni mo'atte moo ni mo'amte? Yoo nimo'amte ta'e maaliif sitti fakkaata?

Yaadannoo

Keeyyata amansiisaa/Falmisiisaa: keeyyanni amansiisaan keeyyata barreessaan akka dubbistoonni yaadasaa amananiif yookiin fudhataniif dhugaa jiru tokko fakkeenyaafi sababoota adda addaatti gargaaramuun yaada namootaa gara yaada mataa isaatti fiduuf barreessudha. Keeyyata amansiisaa barreessuu keessatti ragaalee garaa garaa tartiiba ifa ta'een kaa'uun baay'ee barbaachisaadha.

Fakkeenya

Uffanni seeraa mana barumsaa jiraachuun isaa wantoota hedduuf barbaachisaadha. Sababni isaas, ijoolleen sooressaa qixuma ijoollee hiyyeessaa uffata walfakkaatuun mana barumsaa waan deemaniif barattoota hunda walqixxeessa jechuudha. Dabalataanis, qophii ijoolleen mana barumsaaf taasisan salphaafi ariifataa ni taasisa. Kunis, barattoonni hedduun yeroo isaanii kan qisaasessan waan uffatanii mana barumsaa deeman filachuufi waanumti isaan filatanillee waan isaan hin gammachiisneefi. Qorannoo hedduun akka mirkaneessutti, uffata seeraa uffachuun akka barattoonni yaada isaanii guutummaan guutuutti barnoota irra gochuun barnoota isaaniitiin milkaa'an nitaasisa. Namoonni hedduun garuu, uffanni seeraa bilisa nama hintaasisu jedhanii kan yaadan ta'uyyuu, ani garuu miidhaa isaarra bu'aa isaatu caalan jedha.

C. Himoota armaan gadiitti gargaaramuun keeyyata amansiisaa tokko barreessi.

1. Bishaan qorraan qaama dhiqachuun faayidaa hedduu qaba.
2. Bishaan qorraan guyyaa hunda qaama dhiqachuun tamsa'ina dhiigaa ni fooyyessa.
3. Miira dhiphinaa furuufi dammaqina nidabala.
4. Dhibeewwan akka gom'uufi dhiphina sammuus niyaala.
5. Maashaalee dadhaban cimsuufi cooma qaamaas niguba.
6. Dandeettii sirna dhibee dandamachuurrattis gahee qaba.
7. Bishaan qorraan wayita qaama keenya irra bu'u qaama namaa naasisa.
8. Qaamni atattamaan dudduubee kenna.
9. Kun immoo, dhahannaa onneefi tamsa'ina dhiigaa nidabala, hormoonii adreenaaliin jedhamus burqisiisa.
10. Bishaan qorraan qaama dhiqachuun nama rom'isiisuun alatti fayyaa namaarratti dhibee badaan geessisu hin jiru.

D. Fakkeenya keeyyata amansiisaa isiniif kenname bu'uura godhachuun keeyyata amansiisaa jalqabame xumuri.

Dhugaatiin alkoolii barbaachisummaa hin qabu. Sababni isaas, miidhaan inni nama dhuunfaarraan gahu hedduudha. Kun immoo, nama dhugu qofaa miidha osoo hintaane maatii, hiriyaa, ollaafi biyyasaa irratti illee miidhaan inni geessisu hammana kan jedhamu miti. Fakkeenyaaf,_____

_____

_____

_____

_____

E. Mata dureewwan armaan gadii keessaa tokko filadhuu mormii keeyyata amansiisaa barreessi

1. Jimaa qama'uun barbaachisaadha.
2. Ijoolleen dubaraa rifeensa aguuggatanii deemuu qabu.
3. Yeroo hunda foon nyaachuun gaariidha.

BARANNOO SHAN: SEERLUGA

GILGAALA 9 : SHAAKALA GOCHIBSA YEROO

A. Barreeffama gadii hubannaan dubbisuun gochibsoota yeroo keessaa baasii barreessi.

Caaltuun jireenya bu'aa ba'iin guutame jiraataa turte. Waggaa shan dura abbaan warraa isheefi daa'imman ishee sadii guyyaa sanbataarra balaa konkolaataan du'an. Waggaa lamaan booda immoo, haatiifi abbaan ishee guyyaa saafaa utuu laga ce'aa jiranii riqichi ittiin cabuun bishaan keessa bu'anii lubbuun lamaan isaaniiyyuu sa'a torbatti darbuu danda'eera. Gaddi kun hundi walitti daddabalamuu isaatiin Caaltuun dhukkuba onneef saaxila baate. Waggaa har'aa mana yaalaa deemuudhaan wal'aansa argachuuf yaalii gootullee milkaa'uu hindandeenye. Ogeessonni fayyaa hatattamaan biyya alaatti yaalamuu akka qabdu itti himan. Haa ta'u malee, kaffaltii wal'aansaa waan kaffaluu hin dandeenyeef ji'a ja'a dura dhibeen ishee kun daran itti jabaatee halkan walakkaa lubbuun ishee darbite.

1. Waggaa shan dura
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____

B. Gochibsoota yeroo barreeffama olii keessaa baafteen hima mataa keetii ijaari.

Fakkeenya:

1. Hirkoon **waggaa shan dura** Yuuniivarsiitii irraa eebbifame.
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____
6. _____
7. _____
8. _____

C. Waliin dubbii armaan gadii keessatti gochibsoota yeroo jala sararii agarsiisi.

Amansiisaa: Akkam oolte Dureetti?

Dureettii: Nagaa galata Rabbii! Akkam ati?

Amansiisaa: Toltuun yoom eebbifamti quba qabdaa?

Dureettii: Akkan dhaga'etti gidduu kana natti fakkaata. Galgaleenuu eebba ishee irratti argamuuf kaleessa galgala galte.

Amansiisaa: Animmoo silaa bor karaa deemuufan ture. Eebba ishee irraa ooluu waanan hinqabneef hafuu kooti.

Dureettii: Utuu har'a deemtee guyyaa lama booda ni deebita bar.

Amansiisaa: Lakki karaatti waan nama mudatu hinbeekani. Eebba ishee irratti hirmaadheen turban dhufu deema.

Dureettii: Nagaan ooli, guyyaa gaafasii walagarraa!

Amansiisaa: tole nagaatti!

BOQONNAA SHAN:

TUURIIZIMII

Kaayyoowwan: Xumura Boqonnaa Kanaatti:

- Afee/dubbisa sadarkaa amma irra jirtuuf qophaa'e dubbisuun tarsiimoo ofiin ofmadaaluu nigabbifatta.
- Jechootaaf hiika kallattiifi alkallattii nikennita.
- Hennaa darbeennaatiin keeyyata barreessuu nigabbifatta.
- Dandeettii jechoota dhamsagootatti qoqqooduu nigabbifatta.
- Maxxantoota boodaa adda nibaafatta.

BARANNOO TOKKO: DHAGGEEFFACHUUFI DUBBACHUU

Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen marii'adhaa.

1. Tuuristiin maali?
2. Bakkeewwan hawwata tuuriizimii Oromiyaan qabdu kamfaa beektu?
3. Bakkeewwan hawwata tuuriizimii Finfinneen qabdu keessaa eessa daawwattanii beektu? Fuulduratti eessa daawwachuu akka barbaaddan walitti himaa.

Gilgaala 2 : Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Amma barreeffama mata dureen isaa 'Guyyaa Tuuriizimii' jedhu jalatti dhi-yaate yemmuu barsiisaan/stuun keessan isiniif dubbisu/tu dhaggeeffachuuf jirtu. Barreeffamichis si'a sadii isiniif dubbifama.

- Jalqaba callisaan dhaggeeffadhu
- Lammata irratti barreeffamicha keessaa jechoota hafan guutaa dhaggeeffadhu.
- Isa xumuraa, sirriitti guutuu kee mirkaneeffachaa dhaggeeffadhu.

GUYYAA TUURIIZIMII

Addunyaan guyyaa Tuuriizimii sirna hoo'aadhaan kabajuudhaan iddoowwan hawwata olaanaa qaban beeksisuudhaaf ayyaanota _____kabajee darbeera. Ayyaanni Tuuriizimii Addunyaa _____si'a 30ffaaf naannoo Oromiyaa dhihaa fi kibba dhihaatti iddoowwan uumamaa, seena qabeessaafi aadaa hawwattoowwan turiizimii daawwachuudhaan kabajame. Daawwannichi kan eegale Godina Shawaa Lixaa _____ture. Haroon Dandii Lafa heektaara 320 kan haguuguufi Finfinneerraa fageenya kiiloo meetira 130 irratti kan argamuudha. Bakkeewwan hawwata tuuristii Godina Wallagga Bahaa Magaalaa Naqamteetti argaman_____fi Masaraan Mootummaa Mootii _____ hawwata tuuriizimii biraati. Kana malees, hawwata daawwannaa kanaan bira gahame keessaa Godina Buunnoo Beddellee Aanaa _____ keessatti kan argamu Fincaawaafi Holqi _____ miidhagina uumamaa naannoon keenya qabdu biraati. Kaayyoon daawwannaa kanaas iddoowwaan _____ uumamaafi hawwata_____ta`anii hanga ammaa beekamanis ta`e hinbeekamiin adda baasuudhaan beeksisuu bu`uura godhata.

Gilgaala 3 : Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

A. Dubbisa dhaggeeffachuun barreeffamaan deebii sirrii kenni.

1. Ayyaanni tuuriizimii addunyaa Itoophiyaatti yeroo meeqaffaaf kabajame?
2. Bakkeewwan hawwata tuuristii magaalaa Naqamteetti argaman keessaa lama maqaa dhahi.
   a. _____
   b._____
3. Hawaasni addunyaa sochii daawwannaa tuuriizimiif daangaa ce'ee socho'u wag gaatti meeqa ga'eera?
4. Galiin addunyaan daawwannaa bakka hawwata tuuristii irraa argattu meeqa?
5. Itoophiyaan industirii tuurizimii irraa galii waggaatti meeqa argatti?

B. Gaaffiiwwan armaan gadii irratti erga gareen mari'attanii dareef ibsaa

1. Guyyaa ayyaana tuuriizimii kabajuun maaliif barbaachisa?
2. Guyyaa ayyaana tuuriizimii sababeeffachuudhaan daawwannaan taasifame eessa irraa jalqabe?

3. Galii addunyaan daawwannaa bakka hawwata turistii irraa argattuun tuuriziimiin sadarkaa meeqaffaa irratti argama?
4. Akka dubbisa dhaggeeffattaniitti bakki bosona uumamaafi bineensota bosonaa hedduu qabdu eessa?
5. Bu'aa tuuriizimiin qabu tokko tokkoon ibsaa.

BARANNOO LAMA: DUBBISUU


Gilgaala 4 : Shaakala Dubbisaan Duraa

A. Gareen marii'achuun afaaniin deebisaa.


1. Tuuriizimii jechuun maal jechuudha?
2. Bakkeewwan hawwata tuuriizimii daawwattee beektaa? Yoo beekta ta'e eessa fa'i?
3. Naannoo keessanitti bakkeewwan hawwata tuuriizimii beektan walitti himaa.


B. Iddoowwan hawwata tuuriizimii fakkiiwwan armaan gadii irratti argitan eessa akka ta'an gareen irratti marii'adhaa.


Masaraa Abbaa Jifaar


Dirree Sheek Huseen


Holqa Soof-Umar


Haroo Harsadii


Paarkii Dhaatii Walal


Fincaa'aa Soor

Gilgaala 5 : Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa dhiyaate saffisaan dubbisuun gabatee armaan gadii guuti

T/L	Bakkeewwan hawwata tuuriiziimii Oromiyaan qabdu	Fakkeenya
1	Haroowwan	
2	Fincaa'aawwan	
3	Holqa	
4	Paarkiiwwan	
5	Ardaalee Jilaa	
6	Masaraawwan	

TUURIIZIMII

Oromiyaan bakkeewwan hawwata turistii aadaa, uumamaafi namtolcheetiin badhaatuudha. Haroowwan, fincaa'aawwan, holqawwan, paarkiiwwan, bakki argama lafee durii (arkiyooloojii) Malkaa Qunxurree, ardaaleen jilaa, Masaraafi Masgiidi Dirree Sheek Huseen bakkeewwan hawwata tuuristii Oromiyaan qabdu keessaa akka fakkeenyaatti eeramu. Qabeenya aadaa Oromoo keessaa Sirni Gadaa hambaa kiliyaa addunyaa ta'ee 'UNESCO' irratti galmaa'uun Oromoo addunyaatti beeksiseera.

Haroowwan uumamaa Oromiyaan qabdu keessaa haroowwan Magaalaa Bishooftuutti marsanii argaman torban Haroo Harsadii, Kurriftuu, Baabboo Gaayyaa, Kilolee, Magariisa, Bishooftuufi Calalaqaa akkasumas, Godina Shawaa Bahaatti kan argaman Haroo Baatuu, Cuqqaalaafi Basaqaa, Arsii Lixaatti kan argaman haroo Laangaanoo, Abijaataafi Shaallaa, Shawaa Lixaatti kan argamu Dandii, Shawaa Kibba Lixaatti kan argamu Wanciifi Harargee Lixaatti kan argamu haroon Carcar kanneen akka fakkeenyaatti eeramaniidha. Haroowwan kunneeen hedduun isaanii hirmaannaa abbootii qabeenyaatiin misoomanii bakkeewwan bashannanaa, Rizoortiifi Loojiiwwan gurguddoo ta'anii daaw'attoota biyya keessaafi alaa tajaajilaa jiru.

Fincaa'aawwan hawwata turistii Oromiyaan qabdu keessaa Fincaa'aan Soor, Qexoo, Angariifi Gudar akka fakkeenyaatti yoo eeraman, Kanneen keessaa Fincaa'aan Soor isa guddaafi beekamaadha. Akkasumas, qorannoo holqa irratti geggeeffameen holqawwan uumamaa Oromiyaan qabdu 243 keessaa 85 ogeessota

holqa addunyaatiin qoratamanii mirkanaa'aniiru. Akka qorattoonni holqa addunyaa sadarkaa baasanitti, Holqi Soof Umar holqawwan Afrikaa keessaa isa jalqabaati. Dheerinni holqa kanaa kiiloomeetira 15 yoo ta'u, lagni Waabee keessa darbuun miidhagina uumamni kenneef irratti miidhagina dabalataa akka qabaatu taasisuun bakka hawwata turistii filatamaa ta'ee tajaajilaa jira.

Paarkiiwwan sadarkaa biyyaalessaatti beekaman keessaa paarkiiwwan Gaarreen Baalee, Awaash, Abijaataa, Shaallaa, Dhaatii Walal, Paarkii Gaarreen Arsiifi Paarkii Booranaa Oromiyaa keessatti argamu. Paarkiin Dhaatii Walal hoomaa Gafarsaafi Roobiitiin kan beekamu yoo ta'u, paarkiin Gaarreen Arsii ammoo bineensota bosonaa hedduu qabaachuudhaan beekama. Paarkiin Booranaa ammoo Hardiidoofi bineensota biroo qabaachuudhaan beekama.

Iddoowwan qorannoofi qo'annoo arkiyoolojii hawwata tuuristii Oromiyaan qabdu keessaa immoo Finfinnee irraa kiiloo meetira 50 fagaatanii kan argaman Awaash, Malkaa Qunxurreefi Baalcii akka fakkeenyaatti eeruun nidanda'ama. Kana malees, Oromiyaan ardaalee jilaa hawwata tuuristii ta'an hedduu kan qabdu yoo ta'u, isaan keessaa Madda Walaabuu, Me'ee Bokkuu, Gumii Gaayyoo, Kubbii Corraa, Odaa Roobaa, Odaa Nabee, Odaa Bultum, Odaa Hullee, Odaa Tuutaa, Odaa Adoolaa akka fakkeenyaatti eeramu. Magaalaa Jimmaatti kan argamu Masaraa Abbaa Jifaar, Naqamteetti kan argamu, Masaraa Kumsaa Morodaafi Roobeetti kan argamu Masgiidi Dirree Sheek Huseen hawwata tuuristii namtolchee naannichaa beekamoodha.

Haa ta'u malee, Oromiyaan bakkeewwan hawwata tuuristii daaw'atamanii hinquufamne hedduu qabaattus bakkeewwan kunneen beeksisuufi misoomsuurrattis waan hinhojjetamneef damicharraa bu'aa barbaachisu argachaa hinjirtu. Kanaafuu, daawwachiiftonniifi qaamni dhimmi kun ilaallatu bakkeewwan kanneen beeksisuu irratti gahee isaanii olaanaa waan ta'eef hojii guddaatu isaanirraa eegama. Fakkeenyaaf, Naannoon Amaaraa waldaalee bakkeewwan hawwata tuuristii beeksisan 120 ol kan qabu yoo ta'u, waldaaleen daaw'achiistota Oromiyaa keessa jiran garuu 20 iyyuu hinta'an. Kun dhimmichi xiyyeeffannaa kan barbaadu ta'uu mul'isa jechuudha.

Walumaa galatti, bakkeewwan hawwata tuuriizimiifi seena qabeessa Oromiyaan qabdu 98 keessaa 72 tuuristoota biyya alaafi biyya keessatiin daawwatamaanii Waggaatti Doolaara biiliyoona tokkoo ol argamsiisaa kan jiran yemmuu ta'u, kan hafan daawwannaadhaaf akka ta'aniif misoomaa jiru.

B. Dubbisa armaan olii sakatta'aan dubbisii iddoo duwwaa guuti.

1. Fincaa'aa hawwata turistii Oromiyaan qabdu keessaa inni guddaafi beekamaan _____ dha.
2. _____n holqawwan Afrikaa keessaa isa jalqabaati.
3. Paarkiin _____ hoomaa gafarsaafi roobiitiin kan beekamuudha.
4. _____ fi _____n iddoowwan qorannoofi qo'annoo arki yoolojii hawwata turistii Oromiyaan qabduudha.
5. _____,_____fi _____n bakkeewwan hawwata turistii nam-tolchee Oromiyaan qabduudha.

C. Dubbisa olii irratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu.

1. Bakka argamaan kan adda ta'e kami?
   A. Haroo Harsadii
   B. Haroo Calalaqaa
   C. Haroo Carcar
   D. Haroo Kurriftuu
2. Haroon Arsii Lixaatti argamu kami?
   A. Haroo Kilolee
   B. Haroo Laangaanoo
   C. Haroo Dandii
   D. Haroo Carcar
3. Dheerinni Holqa Soof-Umar kiiloomeetira meeqa?
   A. 51
   B. 5
   C. 1
   D. 15
4. Holqawwan uumamaa Oromiyaa qoratamanii milkaa'an meeqa?
   A. 243
   B. 85
   C. 58
   D. 342

5. Paarkiin Oromiyaa sadarkaa biyyoolessaatti beekame kami?
   A. Paarkii Gaarreen Baalee
   B. Paarkii Awaash
   C. Paarkii Dhaatii Walal
   D. Hunda
6. Bakkeewwan hawwata tuuriizimii Oromiyaan qabdu keessaa turistoota biyya alaafi keessaan kan daawwataman meeqa?
   A. 98
   B. 89
   C. 72
   D. 27

Gilgaala 6 : Shaakala Dubbisaan Boodaa

Gaaffilee armaan gadiirratti cimdiin marii'achuun afaaniin deebisaa

1. Faayidaan tuuriiziimii maali?
2. Oromiyaan tuuriiziimiirraa bu'aa barbaadamu maaliif hinarganne?
3. Ardaalee jilaa hawwata tuuriistii Oromiyaan qabdu kam fa'i?
4. Holqa Soof-Umariif miidhagina dabalataa kan ta'e maali?
5. Qabeenyi aadaa Oromoo hambaa killayyaa addunyaa ta'ee 'UNESCO' irratti galmaa'uun Oromoo addunyaatti beeksise maali?

BARANNOO SADII: FAYYADAMA JECHOOTAA

Gilgaala 7 : Shaakala Hiika Kallattiifi Galumsaa

A. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen marii'adhaa

1. Jechoota haaraaf akkamitti hiika kennitu?
2. Garaa garummaan hiika kallattiifi hiika galumsaa gidduu jiru maali?

Hiika Jechoota Afaan Oromoo

Jechootni hiika addaa addaa qabu, Isaan keessaa hiika kallattiifi hiika galumsaa ilaalla.

1. Hiika Sirrii / kallattii: kan duruma/jalqabuma jechi tokko ittiin beekamu moggaasa ganamaa jechuudha.

Fkn: Hoolaa – Beeylada manaa kan miila afur qabu, kan foon isaa nyaatamu
Buddeena – Midhaan irraa kan tolfamu, ija ija kan qabu, kan nyaatamu. fi kkf

2. Hiika Galumsaa/ bakka galmaa: Kunimmoo yeroo jechootni himoota adda addaatti galuudhaan hiika adda addaa qabaatan kan uumamuudha.

Fkn: Jecha 'dhahe' jedhu yoo ilaalle:

a) Daa'imni sireerraa lafa dhahe= Sireerraa kufe.
b) Caalaan uleen lafa dhahe. = Rukute/reebe
c) Abdiisaan bineensa faana dhahe. = duuka bu'e, hordofe, barbaade
d) Ani rakkannaan Mootiin mala naa dhahe. = Furmaata naaf barbaade
e) Caalaan bullukkoo dhundhumaan dhahe. = safare

B. Jechoota roga 'A' jalaa hiika kallattii isaanii roga 'B' jalaatti firoomsi.

A	B
1. nyaate	A. kolfuu
2. haqa	B. alagaa
3. daawwate	C. carraaqqii
4. arjoomuu	D. burqaa
5. miidhagina	E. soorate
6. orma	F. tokkummaa
7. seequu	G. kennuu
8. tattaaffii	H. dhugaa
9. gamtaa	I. ilaale
10. madda	J. bareedina

C. Hiika galumsaa jechoota gurraacheffamanii barreessi.

1. A. Booreen lafa **soqee** biqiltuu dhaabe.
   B. Xiiqiin hiriyaa isaa **soqee** dhabe.
2. A. Gorsituun **ciree** nyaattee mana barumsaa deemte.
   B. Tulluun bosona **ciree** mancaase
3. A. Tolaan kaleessa gara Adaamaa **kute**.
   B. Fardi sakaallaa **kute**.
4. A. Aadde Burqituun ollaa ishee maqaa **balleessite**.
   B.Haati intala ishee ifattee lafarraa **balleessite**.
5. A. **Mi'aa** waan tokkoo dhandhamanii argu.
   B. Jireenyi magaalaa kan baadiyyaarra **mi'aa**dha.

D. Jechootni armaan gadii hiika galumsaa akka qabaatanitti himoota lama lama ittiin ijaari

1. Nyaate A. _____
   B. _____
2. Garaa A. _____
   B. _____
3. Dhiphina A. _____
   B._____

BARANNOO AFUR: BARREESSUU

Gilgaala 8: Hennaa Darbennaan Keeyyata Barreessuu

A. Gaaffilee armaan gadii afaaniin deebisi.

1. Kaleessa maal akka hojjette hiriyoota keetti himi.
2. Hennaa darbennaa jechuun maal jechuudha.

Yaadannoo

Hennaa	Hiika	uunka	fakkeenya
Darbennaa	Gocha yeroo darbe keessa xumurame agarsiisa	Hundee gochimaa + -e	Bokkaan **roobe.** Biiftuun mana barumsaa **deemte.**

B. Fakkeenya armaan gadii irratti hundaa'uun hima ijoo siif kenname fayyadamii keeyyata hennaa darbennaan ijaarame tokko barreessi

Fakkeenya:

Buutiifi namichi tokko lagatti walitti dhufan. Buutiinis namichi akka laga ceesisu gaafatte. Innis, morma irratti baatee laga ceesise. Sana booda buutiin gateettii irraa bu'uu didde. Namichis sardiidootti jaarsummaa himate. Sardiidnis immoo buutii malaan namicharraa buuste. Dhumarratti, namichi buutii ajjeese.

Biiftuun ganama barii hirribaa kaate. _____

_____

_____

_____.

BARANNOO SHAN: SEERLUGA

Gilgaala 9 : Shaakala Dhamsagootaa

A. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen marii'adhaa

a. Dhamsagni maali?

b. Faayidaan dhamsagaa maal fa'i?

Yaadannoo

Dhamsaga: dhamsagni qaama xiqqaa afaanii hiika hinqabne garuu hiikaaf gumaachu, akkasumas sagalee dubbii afaan tokkoo kan bakka bu'uudha. Dhamsagoonni Afaan Oromoo bakka lamatti qoodamu. Isaanis, dubbachiiftuufi dubbifamaadha. Dhamsagni mallattoo / / keessa kaa'ama.

Fakkeenya:

Dhamsagoota dubbifamaa:/b/,/c/,/d/,/f/,/g/,/h/,/j/,/k/,/l/,/m/,/n/,/p/,/q/,/r/,/s/,/t/,/v/,/w/,/x/,/y/,/z/,/ch/,/dh/,/ny/,/ph/,/sh/,/ts/, /'/fi

dhamsagoota dubbachiiftuu /a/,/e/,/i/,/o/,/u/

dhamsagoota dachaa: /ch/,/dh/,/ny/,/ph/,/sh/,/ts/

dhamsagoota ergisaa: /p/,/v/,/z/,/ts/

Dhamsagoota Afaan Oromoo					
Dubbachiiftuu		**Dubbifamaa**			
Gabaabaa	Dheeraa	laafaa	jabaa	Hudhaa	Dacha
Baduu	Baaduu	hatuu	hattuu	Ho'aa	Hodhaa
Gara	Gaara	bitaa	Bittaa	Ga'aa	Ganyaa
Baala	Balaa	gaabii	gaabbii		
Dute	Duute	gubaa	gubbaa		

Jechoota dhamsagootatti qoqqooduu

Fakkeenya:

1. *Nama: /n/ /a/ /m/*
2. *Soba: /s/ /o/ b/ /a/*
3. *Bu'e: /b/ /u/ /'/ /e/*
4. *Dhuge: /dh/ /u/ /g/ /e/*

Dhamsagoota walitti fiduun jecha uumuu

Fakkeenya:

1. */m/ /u/ /k/ /a/: muka*
2. */b/ /i/ /t/ /e/ : bite*
3. */g/ /a/ /n/ /m/ : ganama*
4. */b/ /i/ /q/ /l/ /e/: biqile*
5. */dh/ /o/ /'/ /e/: dho'e*

B. Gaaffilee armaan gadii bifa gaafatamteen deebisi

1. Kanneen keessaa kamtu dhamsaga ergisaati?
   A. /F/ B. /V/ C. /N/ D. /M/
2. Dhamsagoonni walitti qindaa'uun _____ uumu.
   A. jecha B. sagalee C. hima D. gaalee
3. Jechi farda jedhu dhamsagoota meeqarraa ijaarame?
   A. 3 B. 5 C. 4 D. 2
4. Jecha **barreessitoota** jedhu keessatti dhamsagni dheerate kami?
   A. /e/ B. /T/ C. /o/ D. A fi C
5. Dhamsagni mallattoo kam keessa kaa'ama?
   A. ( ) B. [ ] C. / / D. { }

C. Jechoota armaan gadii dhamsagatti qoqqoodi.

1. Tapha : _____
2. Barate : _____
3. Fide: _____
4. Bal'ate: _____
5. Sona: _____

D. Dhamsagoota armaan gadiin jecha ijaari.

1. /b/ /o/ /f/ /a/: _____
2. /dh/ /u/ /f/ /e : _____
3. /b/ /i/ /t/ /e/: _____
4. /b/ /u/ /n/ /a/ : _____
5. /d/ /u/ /'/ /e/ : _____

Gilgaala 10: Shaakala Maxxantuu Boodaa

A. Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'adhaa

1. Maxxantuun maali?
2. Gosoonni maxxantuu Afaan Oromoo keessa jiran meeqa?

Yaadannoo

Maxxantuu: Jechatti fufamuun hiika kan jijjiiran yookiin tajaajila caaslugaa adda addaaf kan oolaniidha. Jecha irratti bakka isaan galan bu'uura godhachuun iddoo lamatti qoodamu. Isaanis, maxxantuu duraafi maxxantuu boodaa yammuu ta'an, kutaa kana jalatti maxxantuu boodaa qofa ilaalla.

Maxxantuu boodaa: Duuba jechaatti fufamuun tajaajila caaslugaas ta'e, tajaajila hiika jechaa jijjiiruuf oolu. Maxxantuun tokkoofi isaa ol walitti aanee galuu danda'a.

Fakkeenya:

-mmaa, -maata, -aa, -ee, -tuu, -eenya, -ii. –uu, -ina -aatii, -sa, -a, -e, -lee, -lii, -oo, -oota, -ota, -n, -tuu, -dhaa(f), -u, - tii(f), -wwan, -een, -an, -aa, -tti, -ti, kkf

1. Hoolota _____
2. Saawwan _____
3. Gaarreen _____
4. Namoota _____
5. Jabbiilee _____
6. Dureeyyii _____
7. Faradoo _____
8. Uleedhaan _____
9. Namicha _____
10. Manatti _____

C. Jechoota roga 'A' jala jiran maxxantoota roga 'B' jalaa waliin walitti firoomsi.

'A'	'B'
1. biqilaa	A. -ota
2. goota	B. -lee
3. eeboo	C. -wwan
4. sa'a	D. -oota
5. meeshaa	E. -dhaan

D. Jechootaafi maxxantuuwwan 'C' jalatti walitti firoomsite tokko taasisuun jecha barreessi _____